
# World Missionary Press

## *GARGAARSA WAAQA IRRAA* - Oromiffa

---




**GARGAARSA WAAQA IRRAA**

"GARGAARSA WAAQA IRRAA" kan jedhu kun kan qophaa'e kutaalee macaafa Qulqulluu garaa garaa ergaa mata duree kanaa qaban walitti funaanuudhaan. Hunda caalaa caaffata qullaa'oo kan ibsuu dand'u Macaafa Qulqulluu akka ta'e nan amana.

Sagaleen Waaqayyoo olii dhufa Waaqayyo biraa. Sagaleen Waaqayyoo kun warra yaadi garaa isaanii waanta qajeelaa hawwu guddaa gargaara. Yeroo namni cubbuu isaatti gaabbu, Yesuus Kiristoos gara isaa akka dhufu yeroo kadhatu, gooftaan Yesuus fayyisaa isaa akka ta'e garaa guutuu yoo amane, gooftaan Yesuus Kiristoos gara nama kanaa dhufa, nagaa fi gammachuus ni kennaaf. Anis ayyaana kana bara 1937 ttan fudhadhe, yeroo sanaa eegalee quunnamtii dinqisiisaan isaa wajjin qaba.

Isinis hanga ammaatti yoo Gooftaa kana fayyisaa keessanii fi Gooftaa keessan godhattanii hin fudhanne ta'e akka isin ammuma kana isatti amantaniif garaa guutuun isin kadhadha! –Waatson Gudmaan

---

**JAALALA WAAQAYYOO —1**

Waaqayyo garuu, utuma nuyi cubbamoota taanee jirruu, Kiristoos nuuf du'uu isaatiin hammam akka nu jaallate ni argisiisa. –Gara Warra Roomaa 5:8

Ayyaana Faasiikaa dura, Yesuus biyya lafaa kana keessaa gara abbaa dhaquuhaaf yeroon isaa akka ga'e ni beeke; inni biyya lafaa kana keessatti kan isaa warra ta'an akkuma jaallate, hamma dhumaatti jaalala guutuu isaan argisiise. –Wangeela Yohannis 13:1

"Namni tokko firoota isaatiif jireenya isaa dabarsee kennuu irra kan caalu, jaalala guddaa qabaachuu hin danda'u." –Wangeela Yohannis 15:13

Yesuus Kiristoos dhuga-baatuu amanamaa dha, inni warra du'an keessaa angafa ta'ee kaafame, mootota lafa kanaas ni abbooma. Inni nu jaallatee, dhiiga isaa isa nuuf dhangala'een cubbuu keenya irraa nu fure. –Mul'ata Yohannis 1:5

"Waaqayyo, akkasitti tokkicha ilma isaa hamma kennuufitti biyya lafaa jaallate; kun immoo isatti kan amanu hundinuu jireenya bara baraa haa qabaatuuf malee, haa baduuf miti." –Wangeela

Yohannis 3:16

Ammas Waaqayyo fagootti anatti mul'atee, saba kanaan, "Ani jaalala bara baraatiin si jaalladheera, kanaafan gaarummaa kootiin ofitti si dhi' eesse..." jedhe. –Macaafa Ermiyaas Raajichaa 31:3

---

**WAAQAYYUMMAA YESUUS KIRISTOOS —2**

Nama Waaqayyoo ta'uu keessa iyyuu dhoksaan guddaan akka jiru amanamaa dha; kanaafis, "Inni foon uffatee mul'ateera, hafuurichi dhugaa galcheeraaf, ergamoota Waaqayyootti argameera, saba biyya lafaa keessatti lallabameera, guutummaa biyya lafaa keessatti itti amanameera, ulfinaan ol fudhatameera" jedhamee himameera. –1 Gara Ximotewos 3:16

Sagalichi jalqaba waan hundumaa dura ture; sagalichi Waaqayyo bira ture, sagalichi ofii isaa Waaqayyo ture. Sagalichis nama foonii ta'ee, nu gidduus buufate. Ulfina isaa isa ayyaanaa fi dhugaadhaan guutes argine; ulfinni isaas isa ilmi tokkichi abbaa isaa irraa argatu ture. –Wangeela Yohannis 1:1 fi 14

Kun hundinuu inni Waaqayyo gooftaan afaan raajichaatiin dubbate akka raawwatamuuf ta'e. Innoo, "Kunoo durbi ni ulfoofti ilmas ni deessi, maqaa isaas 'Amaanu'el' jedhanii ni moggasu" jedhe, "Amaanu'el" jechuun "Waaqayyo nuu wajjin jira" jechuu dha. –Wangeela Maatewos 1:22, 23

"Abbaanii fi ani tokko" isaaniin jedhe. –Wangeela Yohannis 10:30

Yesuus deebisee, "Utuma ani yeroo dheeraa hammana ga'u isinii wajjin jiraadhuu iyyuu ana hin beeknee, Filiphos? Namni ana arge abbaa arge; attamitti, 'Abbaa nu argisiisi' jetta ree? Ani abbaa keessa, abbaanis ana keessa akka jiru hin amantuu ree? Abbaa isa ana keessa jiraatutu hojii isaa hojjeta malee, dubbii ani isinitti dubbadhu hundumaa ofuma kootiin hin dubbadhu." –Wangeela Yohannis 14:9, 10

---

**YESUUS ILMA WAAQAYYOO —3**

Namni Yesuus ilma Waaqayyoo ta'uu isaa amanee yoo beeksise, Waaqayyo isa keessa, innis Waaqayyo keessa ni jiraata. –1 Ergaa Yohannis 4:15

Ergamichi immoo, "Hafuurri qulqulluun si irra ni bu'a, humni abbaas si golbooba, kanaafis mucichi si irraa dhalatu kun qulqulluudhaa fi ilma Waaqayyoo jedhamee ni waamama." –Wangeela Luqaas 1:35

Mucaan nuuf dhalateera, ilmis nuuf kennameera; humni mootummaa isaa gatiittii isaa irra jira; maqaan isaa, "Gorsaa, dinqii, waaqayyo-jabaa, abbaa bara baraa, angafa nagaa" ni jedhama. –Macaafa Isaayaas Raajichaa 9:6

Utuu inni kana dubbachaa jiruu, kunoo duumessi ifa of keessaa qabu tokko isaanitti uffise. Sagaleenis duumessicha keessaa dubbatee, "Kun ilma koo isa ani jaalladhu, gammachuun koos isatti ni raawwatama; isa dhaga'aa!" jedhe. –Wangeela Maatewos 17:5

Namichi immoo, "Inni isa kam? Yaa gooftaa, anatti himi, itti nan amana!" jedhee deebiseef. Kana irratti Yesuus, "Isa'oo dur argite, inni amma sii wajjin dubbachaa jirus isuma" jedheen. –Wangeela Yohannis 9:36, 37

Guutummaan Waaqayyummaa namummaa Kiristoos keessa ni jiraata. –Gara Warra Qolosaayis 2:9

---

**YESUUS EENYU AKKA TA'E NUTTI HIMA —4**

Inni immo, "Isin kan goodaa kanaa ti, ani immoo kan gubbaa sanaa ti; isin kan biyya lafa kanaa ti, ani garuu kan biyya lafaa kanaa miti. Yesuus immoo deebisee, "Dhuguma, dhuguman isinitti hima, Abrahaam utuu hin dhalatin iyyuu ani jiran ture" isaaniin jedhe. –Wangeela Yohannis 8:23 fi 58

Dubartittiin immoo deebiftee, "Masiihiin inni Kiristoos jedhamu akka dhufu anuu beeka; inni gaafa dhufe waan hundumaa nutti ni hima" jette. Yesuus yommus, "Inni amma sii wajjin dubbachaa jira; kunoo, ani isa" ittiin jedhe. –Wangeela Yohannis 4:25, 26

Yommus Yesuus, "Ana buddeenni jireenyaa, gara koo kan dhufu hin beela'u, kan anatti amanus matumaa hin dheebotu." –Wangeela Yohannis 6:35

"Biyya lafaa Keessa hamman jirutti, ani ifa biyya lafaa ti" isaaniin jedhe. –Wangeela Yohannis 9:5

Yesuus ammas "Dhuguma, dhuguman isinitti hima, ana balballi hoolotaa!" –Wangeela Yohannis 10:7

Yesuus garuu, "Du'aa ka'uun, jireenyis ana; namni anatti amanu yoo du'e iyyuu ni jiraata." –Wangeela Yohannis 11:25

"Barsiisaa, gooftaas" jettanii na waamtu, isin akkuma jettan iyyuu ani isa. –Wangeela Yohannis 13:13

Yesuus deebisee, "Karichi, dhugaan, jireenyis, ana; anaan yoo ta'e malee, eenyu iyyuu gara abbaa hin dhufu." –Wangeela Yohannis 14:6

---

**DINQII YESUUS HOJJETE KEESSAA —5**

Kana booddee marguma sana irra akka taa'aniif tuuta sana abboomee, buddeena shananii fi qurxummii lamaan fuudhee, gara waaqaatti ol ilaalee, eebbisee cabsees, buddeena sana bartoota isaatti kekkenne; bartoonni immoo tuuta sanaaf ni dhi'eessan. Isaan hundumtinuu nyaatanii ni quufan; ergasii bartoonni hurraa isaan irraa hafe gundoo kudha lama guutuu fuudhan. Warri nyaatanis dubartootaa fi ijoollee malee dhiirri akka kuma shanii turan. –Wangeela Maatewos 14:19-21

Simoon immoo deebisee "Yaa barsiisa, eda halkan guutuu baay'ee itti dadhabne, homaas hin qabne, amma garuu erga ati dubbattee dubbii keetiif jedhee kiyyicha nan darbadha" jedheen. Isaan kiyyoo isaanii yommuu darbatan, kiyyoon isaanii hamma tarsa'uu ga'utti, qurxummii danuu qabatan. –Wangeela Luqaas 5:5, 6

Kunoo, namoonmi jaamonni lama karaa bukkee ni taa'u turan; isaanis Yesuus achiin darbaa akka ture dhageenyaan iyyanii, "Gooftaa, yaa ilma Daawit nu maari!" jedhan. Yommus Yesuus dhaabatee isaan waamee, "Maal akkan isiniif godhu barbaaddu?" jedhe. Isaan immoo deebisanii, "Gooftaa, ija keenya akka nuuf bantu" jedhaniin. Yesuusis gara-laafinaan ija isaanii qaqqabnaan, achumaan agartuun isaanii deebi'eefii, isa duukaas bu'an. –Wangeela Maatewos 20:30 fi 32b-34

---

## YESUUS KIRISTOOS UUMAA FI GOOFTAA DHA —6

Wanti waaqa keessa jiruu fi wanti lafa irra jiru hundinuu, wanti ijaan argamuu fi wanti ijaan hin argamne, warri teessota irra taa'anii fi warri mootummaa qaban, warri bantii waaqaa keessaa gooftummaa fi aboo qabu jedhamanii sodaataman isaan uumaman; wanti hundinuu karaa isaa uumame, isaafis uumame. –Gara Warra Qolosaayis 1:16

Wanti hundinuus isumaan ta'e; waan ta'e keessaas isa malee kan ta'e tokko illee hin jiru. –Wangeela Yohannis 1:3

Arrabni hundinuus, ulfina Waaqayyoo abbaatiif, Yesuus Kiristoos gooftaa akka ta'e beeksisuuf jiru. –Gara Warra Filiphisiiyus 2:11

Bara duriitti Waaqayyo si'a baay'ee karaa garaa garaatiin, raajotaan abboota keenyatti dubbateera. Guyyoota bara isa dhumaa kanatti immoo ilma isaatiin nutti dubbate; Waaqayyoo ilma isaa kanaan waaqaa fi lafa uume, waan hundumaas harka isaatti kennuuf isa dhaabe. –Gara Ibrootaa 1:1, 2

"Egaa Waaqayyo, Yesuus isa isin muka irratti fanniftan kana gooftaadhaa fi Masiihii akka godhe, Israa'elonni hundinuu utuu hin mamin haa beekan!" jedhe. –Hojii Ergamootaa 2:36

Gooftaa warra du'aniif warra jiranii ta'uudhaaf, Kiristoos du'ee deebi'ee jiraate. –Gara Warra Roomaa 14:9

Waaqayyo, inni gara tokkummaa ilma isaa Yesuus Kiristoos gooftaa keenyaatti isin waame, amanamaa dha. –1 Gara Warra Qorontos 1:9

## YESUUS KIRISTOOS ABBAA ALANGAA OL-AANAA DHA —7

Ati garuu maliif obboleessa keetti faradda ree? Yookiis ati maaliif obboleessa kee ceephaata ree? Hundumti keenya barcuma firdii Waaqayyoo duratti dhi'aachuuf jirra. –Gara Warra Roomaa 14:10

Waaqayyo duratti, Kiristoos Yesuus isa warra jiranii fi warra du'anitti faraduuf jiru durattis, maqaa isa deebi'ee mul'atee, mootummaa isaas argisiisu sanaan cimsee sin gorsa. –2 Gara Ximotewos 4:1

Yesuus ammoo, "Ilmi namaa ulfina isaatiin, ergamoonni Waaqayyoos hundinuu isaa wajjin ni dhufu; yommus inni teessoo ulfina isaatii irra ni taa'a. Yommus namoonni biyya lafaa hundinuu fuula isaa duratti walitti ni qabamu; tikseen, hoolota re'ootattii akka gargar fo'u, innis namoota sana gargar ni fo'a." –Wangeela Maatewos 25:31, 32

"Abbaan ofii isaatii homaattuu hin faradu, firdii hundumaa harka ilma isaatti kenneera malee." –Wangeela Yohannis 5:22

Akka Wangeela ani barsiisuutti, guyyaa Waaqayyo harka Yesuus Kiristoosiin dhoksaa namootaa bakkee baasee faradutti, wanti kun ni beekama. –Gara Warra Roomaa 2:16

"Inni Wangeelicha namootatti akka lallabnuuf, warra jiranii fi warra du'an irratti abbaa firdii ta'ee moosifamuu isaas, akka dhugaa banuuf nu abboomeera." –Hojii Ergamootaa 10:42

---

## FAYYINNI KARAA KIRISTOOS QOFA —8

"Balbalichi ana, inni anaan ol galu ni fayya; ol ni gala, gadis ni ba'a, dheedichas ni argata." –Wangeela Yohannis 10:9

Yesuus deebisee, "Karichi, dhugaan, jireenyis, ana; anaan yoo ta'e malee, eenyu iyyuu gara abbaa hin dhufu." –Wangeela Yohannis 14:6

"Cubbuu keessaniin akka duutan isinitti himeera; ani eenyu akkan ta'e beektanii yoo amanuudhaabaattan, cubbuu keessaniin ni duutu" isaaniin jedhe. –Wangeela Yohannis 8:24

Inni isa waan hundumaa fiixaan baase ta'ee erga argamee immoo, warra isaaf abboomaman hundumaaf sababii fayyina bara baraa ta'e. –Gara Ibrootaa 5:9

Hundinuu yakkaniiru, ulfinni Waaqayyoos isaanitti hir'ateera. Isaanumti immoo ayyaana Waaqayoo isa karaa furii Yesuus Kiristoos tola isaaniif kennameen, qajeelota ni ta'u. –Gara Warra Roomaa 3:23, 24

Kana irraa kan ka'es inni yeroo hundumaa isaaniif kadhachuudhaaf waan jiraatuuf, warra karaa

isaa gara Waaqayyootti dhi'aatan hamma dhumaatti fayyisuu ni danda'a. –Gara Ibrootaa 7:25

"Fayyinnis Yesuus Kiristoos duwwaadhaan malee, kan biraatiin tokko illee hin jiru; maqaan kan biraa, ittiin fayyuun kan nuuf ta'u, waaqa jalaa ilmaan namootaaf hin kennamne" jedhe. –Hojii Ergamootaa 4:12

Waaqayyo karaa gooftaa keenyaa Yesuus Kiristoos fayyina akka argannuuf malee dheekkamsaaf yaadee nu hin qopheessine. –1 Gara Warra Tasaloniiqee 5:9

---

## FAYYINNI KARAA KIRISTOOS QOFA —9

Kiristoos Yesuusitti jiraachuun keessan Waaqayyo biraa ta'e; Waaqayyo Kiristoosiin ogummaa keenya nuuf godhe. Isumaan qajeelota taanee, Waaqayyoof qulqulloofnee ni furamna. –1 Gara Warra Qorontoos 1:30

Inni seera irra-daddarbuu hundumaa jalaa nu furuudhaaf, saba fo'amaa warra hojii gaariitiif hinaafan ofii isaatiif qulleessuudhaaf, ofii isaa nuuf kenne. –Gara Tiitoos 2:14

Abbaa keenya isa ifa waaqa irraattii qooda warra isaaf qulqulla'anii keessaa hirmaachuu isin dandeessiseef galata dhi'eessaa! Inni aboo dukkanaa jalaa nu baasee, gara mootummaa ilma isaa isa jaallatamaatti nu dabarse. Ilma isaa kanaan furamuu dhiifamuu cubbuus arganneerra. –Gara Warra Qolosaayis 1:12-14

"Ilmi namaa isa bade barbaaduudhaaf fayyisuudhaafis dhufeera" jedhe. –Wangeela Luqaas 19:10

Isaan faarfannaa haaraa yommuu faarfatan, "Ati macaaficha fudhachuudhaaf, mallattoo isaas banuudhaaf kan maltee dha; ati ofii keetii qalamtee, gosa hundumaa keessaa, afaan hundumaa keessaa, nama hundumaa keessaa, saba hundumaa keessaas, namoota dhiiga keetiin Waaqayyoof bitte." –Mul'ata Yohannis 5:9

Kiristoos akkuma nu jaallate, isinis immoo jaalalatti jiraadhaa! Inni aarsaa fooliin isaa tolu, qalma Waaqayyoof dhi'aatus godhee nuuf jedhee dabarsee of kenneera. –Gara Warra Efesoon 5:2

---

## DHIIGA KIRISTOOSIIN QULQULLAA'UU —10

Kanaafis amma nuyi dhiiga isaa isa dhangala'een qajeelota erga taanee, hammam caalaatti isumaan immoo dheekkamsa Waaqayyoo jalaa ooluuf jirra! –Gara Warra Roma 5:9

Akka badhaadhummaa ayyaana isaattis Kiristoos dhiiga isaa nuuf dhangalaasuu isaatiin furamuu, dhiifamuu cubbuus qabna. –Gara Warra Efesoon 1:7

Akka jireenya keessanii isa abboota keessan irraa isinitti darbee, isa waa'ee hin baafne sana jalaa,

wanta badu waan akka meetii yookiis warqeetiin akka hin furamin, isin iyyuu ni beektu. Garuu Kiristoos dhiiga isaa isa gati-jabeessaan, isin fureera; inni akka hoolaa mudaa yookiis xurii hin qabnee ti. –1 Ergaa Phexros 1:18, 19

Akka inni ifa keessa jiru, nuyis ifa keessa yoo deddeebine, nuyi walii keenyaa wajjin tokkummaa qabna, dhiigni ilma isaa Yesuus immoo cubbuu hundumaattii nu qulleessa. –1 Yohannis 1:7

Dhiigni Kiristoos isa hafuura bara baraatiin, aarsaa mudaa hin qabne godhee ofii isaa Waaqayyoof dhi'eesse immoo, isin hojii isa du'atti geessu dhiiftanii, Waaqayyo isa jiraataadhaaf hojjetoota akka taataniif, hammam guddaa caalchisee yaada garaa keessanii haa qulleessu ree? –Gara Ibrootaa 9:14

Kana duwwaas miti, gooftaa keenya Yesuus Kiristoosiin amma araara waan qabnuufis Waaqayyotti gammaduu keenya ni himanna malee. –Gara Warra Roomaa 5:11

---

## KIRISTOOSITTI AMANUUDHAAN FAYYUU —11

Isin ayyaana Waaqayyootiin karaa amantii fayyifamtan; inni immoo kennaa Waaqayyoo ti malee, gochaa ofii keessanii miti; hojiidhaanis miti, namni tokko illee akka ittiin of hin janyetti. –Gara Warra Efesoon 2:8, 9

Kanaafis amantiidhaan qajeelota erga taanee, gooftaa keenya Yesuus Kiristoosiin Waaqayyo biratti nagaa qabna. –Gara Warra Roomaa 5:1

Kiristoos Yesuusiif amantii jaalalaan hojjetutu gatii qaba malee, dhagna qabachuu yookiis dhagna qabachuu dhiisuu miti. –Gara Warra Galaatiyaa 5:6

"Gooftaa Yesuusitti amani, ati ni fayyita...." –Hojii Ergamootaa 16:31

Sababii namni mucaa Waaqayyoo ta'e hundinuu biyya lafaa mo'uuf, ba'aa ulfaatoo itti hin ta'an; humni ittiin biyyi lafaa mo'amu kunis amantii keenya. –1 Ergaa Yohannis 5:4

Isaan immoo, "Egaa hojii Waaqayyoof akka dhamaanuuf maal gochuutu nuuf ta'a?" jedhanii isa gaafatan. Yesuus deebisee, "Isa inni ergetti amanuu keessaniin hojii Waaqayyoo ni hojjettu" jedheen. –Wangeela Yohannis 6:28, 29

Isaan kun garuu, Yesuus, Kiristoosicha, ilma Waaqayyoo ta'uu isaa akka amantaniif, amanachuu keessaniinis maqaa isaatti jireenya akka qabaattaniif caafaman. –Wangeela Yohannis 20:31

---

## ARAARA WAAQAYYOO —12

Waaqayyoof, abbaa gooftaa keenyaa Yesuus Kiristoos, abbaa araara hundumaaf, Waaqayyo jajjabina hundumaaf galanni haa ta'u! –2 Gara Warra Qorontos 1:3

Yaa Waaqayyo, Kan akka kee cubbuu namaaf dhiisu eenyu ree? Ati dhuunfaa kee kan ta'an keessaa warra hafaniif balleessaa isaanii irra ni darbitaaf; ati gaarummaatti in gammadda malee, dheekkamsa keessa hin ooltu.
–Macaafa Miikiyaas Raajichaa 7:18

Gaarummaan kee hamma bantii waaqaa gararraatti ni guddata, amanamummaan kees hamma duumessaa ni ga'a. –Macaafa Faarfannaa 108:4

Araarri Waaqayyoo dhuma waan hin qabneef, gaarummaa isaa irraa kan ka'e badiisa keessaa baraaramne. Araarri isaa ganama ganama ni haareffama, amanamummaan isaas baay'ee dha.
–Faaruu Ermiyaas 3:22, 23

Bantiiwwan waaqaa lafa irraa fagaachuun isaanii guddaa akka ta'e, gaarummaan Waaqayyoos akkasuma warra isa sodaataniif guddaa jabaa dha. Gaarummaan Waaqayyoo garuu baraa hamma bara baraatti, warra isa sodaataniif, qajeelummaan isaas ijoollee ijoollee isaaniitiif itti ni fufa.
–Macaafa Faarfannaa 103:11, 17

Waaqayyo hojii nuyi qajeelummaadhaan hojjenneef utuu hin ta'in, akka araara isaatiitti dhiqannaa lammaffaa dhalachuutiin, haaressuu hafuura qulqulluutiinis nu fayyise. –Gara Tiitoos 3:5

---

**WAAQAYYO GARA ISAA AKKA DHAQNUUF NU AFEERA —13**

"Kottaa mee walii wajjin dhugaa ni baafnaa cubbuun keessan akka dhiigaa yoo isin diimesse iyyuu, akka caabbii ni addaattu, diimaa biluus yoo isin godhe iyyuu, akka jirbii iddamaa adii ni taatu." –Macaafa Isaayaas Raajiicha 1:18

Hafuurichii fi misirrottiin, "Kottu" ni jedhuun, namni kana dhaga'us "Kottu" haa jedhu! Namni dheebote haa dhufu, namni bishaan barbaadus utuu gatii hin baasin bishaan jireenya kennu haa fudhatu! –Mul'ata Yohannis 22:17

Waaqayyo, "Isin warri dheebottan hundinuu gara bishaanii kottaa! Warri horii hin qabnes kottaa! Midhaan bitadhaatii nyaadhaa, kottaatii utuu horii itti hin baasin daadhii waynii fi aannan bitadhaa!" –Macaafa Isaayaas Raajichaa 55:1

Guyyaan dhuma ayyaanichaa guyyoota sana hunduma irra caalaa guddaa ture; guyyaa sanatti Yesuus ka'ee dhaabatee, sagalee isaa ol fudhatee, "Namni dheebote yoo jiraate gara koo haa dhufu, haa dhugus." –Wangeela Yohannis 7:37

Yesuus garuu yommuu kana arge aaree, bartoota isaatiin, "Lakkisaa mucooliin gara koo haa dhufan, hin dhowwinaa! Mootummaan Waaqayyoo warra akkasiitiif ta'a." –Wangeela Maarqos 10:14

Yesuus itti fufee, "Isin warri itti dhamaatanii dadhabdan, ba'aanis kan isinitti ulfaatu hundinuu gara koo kottaa; ani boqonnaa isiniifan kenna." –Wangeela Maatewos 11:28

---

## NAMA TA'ANIIF IJOOLLEE WAAQAYYOO TA'U MITI —14

Namni waan qajeelaa hin hojjenne, obboleessa isaa hin jaalannes hundinuu, kan Waaqayyoo miti; ijoolleen Waaqayyoo fi ijoolleen seexanaas kanaan ni beekamu. –1 Ergaa Yohannis 3:10

Warri hafuura Waaqayyootiin geggeeffaman hundinuu ilmaan Waaqayyoo ti. Hafuurichi isin fudhattan hafuura ilmummaatti guddifamuu ti malee, hafuura garbummaa isa sodaa jalatti isin deebisu miti; hafuura kanaanis, "Abbaa Keenya" jennee Waaqayyoon ni waammanna. –Gara Warra Roomaa 8:14, 15

Ijoollee Waaqayyoo warra waan ittiin komataman hin qabne, warra mudaa, haxxummaas hin qabne akka taataniif, isinis dhaloota micciiramaadhaa fi karaa irraa kaate gidduutti biyya lafaa irratti akka ibsaa ni ibsitu.
–Gara Warra Filiphisiiyus 2:15

Iddoo biraattis immoo, "Isaan keessaa adeemaa, ittii gargar ba'aas; wanta xuraa'aa harkaan hin qabinaa! Anis isinan simadha, jedha gooftaan." Akkasumas immoo, "'Ani abbaa isiniif nan ta'a, isinis ilmaan koo intaloota koos ni taatu,' jedha gooftaan inni hundumaa danda'u." –2 Gara Warra Qorontos 6:17, 18

Hamma isa simataniif immoo ijoollee Waaqayyoo akka ta'aniif aboo isaaniif kenne; isaanis warra maqaa isaatti amananii dha. –Wangeela Yohannis 1:12

---

## WAA'EE DHUGAATII NAMA MACHEESSUU —15
## WAAN SAGALEEN WAAQAYYOO JEDHU

Hojiin foonii mul'ataa dha. Isaanis halalummaa, xuraa'ummaa, jireenya gad-dhiisii, waaqayyolii tolfaman waaqessuu, qoricha namatti gochuu, diinummaa, qoccolloo, hinaaffaa, dheekkamsa, ofittummaa, yaadaan gargar ba'uu, barsiisaan gargar cabuu, weennoo, machii, albaadhummaa, wanta kana fakkaatus. Akkuma ani kanaan dura isinitti himee ture, warri wanta akkasii hojjetan mootummaa Waaqayyootti galuu akka hin dandeenye ammas isinitti nan hima. –Gara Warra Galaatiyaa 5:19-21

Kottaa amala keenya tolfannee akka warra ifa guyyaa keessa deddeebi'aniitti jiraanna malee, albaadhummaatti yookiis machiitti, halalu- mmaatti yookiis gad-dhiisiitti, nama loluutti yookiis weennootti hin jiraannu. Gooftaa Yesuus Kiristoosiin akka uffata sibiilaatti uffadhaa malee, hawwa namummaa foonii raawwattanii isas gammachiisuudhaaf garaa hin kenninaa! –Gara Warra Roomaa 13:13, 14

Daadhiin waynii yommuu diimatu, bifni isaas shurrubbee keessaa yommuu calaqqisu, yommuu

inni miyaa'aa gad lixu si hin gomjaasisin! Innoo erga isa dhuganii booddee akka bofaa nama ni idda, akka hadhaa mar'ataas nama ni miidha. –Macaafa Fakkeenyaa 23:31, 32

Daadhiin waynii ga'iftuu nama godha, dhugaatii jabaanis nama ni wacisiisa; namni isaaniin machaa'ee gatantarus ogeessa miti. –Macaafa Fakkeenyaa 20:1

---

## NAMA GAARII TA'UU QOFTI HIN GA'U —16

Yommus Yesuus deebisee, "'Waaqayyo kee goofticha garaa kee guutuudhaan, jireenya kee guutuudhaan, yaada kee guutuudhaanis jaallachuutu siif ta'a.' Abboommiin hundumaa irra caalu inni duraa isa kana." –Wangeela Maatewos 22:37, 38

Yesuus adeemuudhaaf karaa irra yommuu bu'utti, namichi tokko itti fiigee, fuula isaa durattis jilbeenfatee, "Yaa barsiisaa gaarii! Jireenya bara baraatti galuudhaaf maal gochuutu anaaf ta'a?" jedhee gaafate. Yesuus immoo, "Maaliif gaarii naan jetta? Waaqayyo isa tokkicha duwwaa malee, namni gaariin tokko illee hin jiru. Abboommiin, 'Hin ajjeesin, hin ejjin, hin hatin, sobaan nama irratti dhugaa hin ba'in, gowwoomsaadhaan hin fudhatin, abbaa kee fi haadha keef ulfina kenni!' akka jedhu ni beekta" jedheen. Namichi immoo deebisee, "Barsiisa! kana hundumaa ijoollummaa kootii jalqabee raawwadheera" jedheen. Yesuus ilaalee isa jaallatee,
"Waan tokkotu si duraa hir'ata. Dhaqii, waan qabdu gurgurii, warra deegaadhaafis kenni, waaqa irratti badhaa- dhummaa ni qabaatta; isa booddee immoo kottuu ana duukaa bu'i"! jedheen. Namichi kana yommuu dhaga'e qabeenya guddaa qaba waan tureef, bifni isaa geddaramee, gaddees achii adeeme. –Wangeela Maarqos 10:17-22

Karaan qajeelaa namatti fakkaatu jira, dhumni isaa garuu karaa du'aa ti. –Macaafa Fakkeenyaa 16:25

---

## HIN GOWWOOMINAA —17

Waaqayyo kan itti ga'isan miti'oo, hin gowwoominaa! Namni immoo waanuma facaase ni galfata. –Gara Warra Galaatiyaa 6:7

Yaa ijoollee ko, homtinuu karaa irraa isin hin kaachisin! Inni sun qajeelaa akka ta'e, namni waan qajeelaa hojjetu qajeelaa dha. Seexanni jalqabaa jalqabee cubbuu waan hojjeteef, namni cubbuu hojjetu kan seexanaa ti. –1 Ergaa Yohannis 3:7, 8a

Egaa warri jal'oonni mootummaa Waaqayyootti akka hin galle hin bektanii ree? Hin gowwoominaa! Warri halaleen, warri waaqayyolii tolfaman waaqessan, warri ejjan, warri gadhaa'an, warri nama gadhoomsanis, warri hatan, warri sassatan, warri machaa'an, warri maqaa namaa balleessan, warri nama saamanis matumaa mootummaa Waaqayyootti hin galan. –1 Gara Warra Qorontos 6:9, 10

Sababii wanta kana hundumaatiif dheekkamsi Waaqayyoo warra isaaf hin abboomamne irratti ni

dhufa; homtinuu dubbii hundee hin qabneen isin hin gowwoomsin! –Gara Warra Efesoon 5:6

Warra dubbicha hojii irra oolchan ta'aa malee, warra dhaga'uu duwwaadhaan of gowwoomsan hin ta'inaa! –Ergaa Yaaqoob 1:22

Namni waanuma tokkoof dhimma kan hin baafne ta'ee utuu jiruu, nama dhimma baasu yoo of se'e inni of ni gowwoomsa. –Gara Warra Galaatiyaa 6:3

"Baay'een, ‘Ani Masiihii dha' jechaa maqaa kootiin ni dhufu, namoota baay'ees ni wallaalchisu." –Wangeela Maatewos 24:5

---

**CUBBUUN DU'A FIDA —18**

Egaa cubbuun karaa nama tokkoo biyya lafaatti akkuma dhufe, duunis karaa cubbuu akka gale, akkasumas namoonni hundinuu waan yakkaniif duuni sanyii namaa hundumaa wal ga'e. –Gara Warra Roomaa 5:12

Kajeellaan hamaan erga iddoo ga'ee cubbuu ni dhala; cubbuunis erga raawwatamee du'a ni dhala. –Ergaa Yaaqoob 1:15

Yaada ofii fedha fooniitti hidhuun du'a ni fida; yaada ofii fedha hafuuraatti hidhuun garuu, jireenya, nagaas ni fida. Akka fedha fooniitti yaaduun diina Waaqayyoo nama godha; yaadni akkasii seera Waaqayyootii wajjin walii hin galu; isaaf abboomamuus hin danda'u. –Gara Warra Roomaa 8:6, 7

"Lubbuun isa cubbuu hojjetuu haa du'u! Ilmi yakka abbaa hin baatin! Abbaanis yakka ilmaa hin baatin! Qajeelinni nama qajeelaa isumaaf haa lakkaa'amu! Jal'inni nama jal'aas isuma irraa haa barbaadamu!" –Macaafa Hisqi'el Raajichaa 18:20

"‘Amma garuu obboleessi kee kun du'ee kan ture deebi'ee waan jiraateef, badees kan ture waan argameef cidha godhachuunii fi gammaduun nuuf ni ta'a' jedhee deebiseef" jedhe. –Wangeela Luqaas 15:32

Qajeelummaan gara jireenyaatti, wanta hamaa duukaa bu'uun garuu gara du'aatti nama ni geessa. –Macaafa Fakkeenyaa 11:19

---

**KIRISTOOS DU'A MO'E —19**

Akka qulqullummaa isaa isa hafuuraatti immoo, warra du'an keessaa ka'uudhaan Yesuus Kiristoos gooftaan keenya ilma Waaqayyoo ta'uun isaa humnaan beeksifameera. –Gara Warra Roomaa 1:4

Kana jedhee sagalee guddaadhaan, "Alaazaar as ba'i!" jedhee waame. Kanaaf namichi du'ee ture

sun awwaalicha keessaa gad ba'e; miilla isaa lamaanii fi harka isaa lamaanitti wayyaan hidhamee, fuula isaattis uffanni maramee ture. Yesuus, "Irraa hiikaatii gad dhiisaa! Haa dhaqu!" jedhee isaan abboome. –Wangeela Yohannis 11:43, 44

"Lubbuu koo deebisee fudhachuudhaaf dabarsee waanan kennuuf, abbaan koo na jaallata. Homtinuu lubbuu koo na duraa hin fudhatu, anumatu ofii kootiin kenna malee. Ani lubbuu koo dabarsee kennuudhaaf, ammoo deebisee fudhachuudhaaf abboo qaba; abboommii kana immoo abbaa koo biraan fudhadhe" jedhe. –Wangeela Yohannis 10:17, 18

Itti hiiqee siricha harkaan qabnaan, warri baatan ni dhaabatan; inni immoo, "Dargaggeessa nana, siin nan jedha ka'i!" jedheen. Achumaan inni du'ee ture ol jedhee taa'ee, dubbachuus jalqabe. –Wangeela Luqaas 7:14, 15a

"Inni jiraatus ana. Takka illee du'een ture, amma garuu kunoo, baraa hamma bara baraatti jiraachuuttan jira; du'a irratti, balbala iddoo warra du'anii banu irrattis ani gooftummaa qaba." –Mul'ata Yohannis 1:18

Hundumaa booddee diina keenya du'atu golgoleeffama. –1 Gara Warra Qorontos 15:26

---

**ABBOOMMII WAAQAYYOO —20**

"[Waaqayyo gooftaan,] ‘waaqayyolii kan biraa tokko illee ana biratti hin qabaatin!

‘Bifa qirixame, fakkeenya wanta ol waaqa irra jiruu, gad lafa irra jiruu yookiis bishaan keessa lafa jala jiruu hin tolfatin! Ati bifa fakkeenyaa kanaaf hin sagadin....

‘Waaqayyo nama akkasumaan maqaa isaa dha'u adaba malee waan hin dhiifneef, ati maqaa Waaqayyoo gooftaa keetii akkasumaan hin dha'in!

‘Waaqayyo gooftaan kee akka si abboometti, guyyaa Sanbataa qulqullinatti eegi! Guyyaa ja'a hojii kee hojjedhu....

‘Akkuma Waaqayyo gooftaan kee si abboometti abbaa kee fi haadha keef ulfina kenni!

‘Hin ajjeesin!

‘Hin ejjin!

‘Hin hatin!

‘Nama irratti sobaan dhugaa hin ba'in!

‘Haadha manaa namaa duraa fudhachuudhaaf hin hawwin; mana namaa, maasii isaa, hojjetaa isaa, hojjettuu isaa, qotiyyoo isaa, harree isaa yookiis waanuma kan isaa ta'e duraa

fudhachuudhaaf hin hawwin!'" –Seera Keessa Deebii 5:7-21

---

**WAAQAYYOON DHOKACHUUN HIN DANDA'AMU —21**

"Iji isaa gara karaa namaa ni ilaala, tarkaanfii isaa hundumaas ni arga. Halkanii fi dukkanni sodaachisaan, lafti warri hamaa hojjetan dhokatan hin jiru." –Macaafa Iyoob 34:21, 22

"Bantii waaqaa keessatti, lafa irratti, iddoo hundumaattis waanan argamuuf namni suqaa keessa yoo dhokate ani isa hin arguu ree?" –Macaafa Ermiyaas Raajichaa 23:24

Hafuura kee duraa eessan dhaqa? Fuula kee duraas eessattan baqadha? Bantii waaqaatti yoon ol ba'e, ati achittis immoo ni argamta! Dukkanni iyyuu si duratti hin dukkanaa'u, halkan akkuma guyyaa ni ifa; dukkanni immoo akkuma ifaa ni ta'a. –Macaafa Faarfannaa 139:7,8 fi 12

Iji Waaqayyoo iddoo hundumaa jira, isa hamaa fi isa gaarii ni arga. –Macaafa Fakkeenyaa 15:3

Wanti Waaqayyo uume tokko illee isa duraa dhokachuu hin danda'u; wanti hundinuu saaqamaa ija isaa durattis mul'ataa dha; nus waan goone sababii isaa wajjin isatti himuun nu irra jira. –Gara Ibrootaa 4:13

Waan tokko illee dhokatee utuu hin mul'atin kan hafu hin jiru, dhoksaatti kan eegames bakkeetti ba'ee utuu hin dhaga'amin kan hafu hin jiru. –Wangeela Luqaas 8:17

---

**DHEEKKAMSI BARA BARAA WARRA WAAQAYYO —22**
**MALEE JIRAATU IRRATTI BARA BARAA**

"Ilmi namaa ergamoota isaa ni erga; isaanis karaa Waaqayyoo irraa waan nama gufachiisu hundumaa, warra hamaa hojjetan hundumaas mootummaa isaa keessaa walitti ni qabu, boolla ibiddaattis isaan ni darbatu. Achitti boo'ichii fi ilkaan qaruun isaan irra ni ga'a." –Wangeela Maatewos 13:41, 42

Warri jal'oonni gara iddoo lafa jalaatti gad haa bu'an, lafa irraa warri Waaqayyoon irraanfatanis akkasuma gad haa lixan. –Macaafa Faarfannaa 9:17

Bantiiwwan waaqaa fi lafti, warri amma jiran kun immoo sagalee Waaqayyoo sanaan ibiddaan balleeffamudhaaf qopheeffamanii, hamma guyyaa warri Waaqayyo malee jiraatan firdii argatanii badaniitti kaa'amanii jiru. –2 Ergaa Phexros 3:7

Isaan kun argaa gooftaa duraa, ulfina aangoo isaa duraas fageeffamanii badiisa bara baraatiin ni adabamu. –2 Gara Warra Tasaloniiqee 1:9

"Harki kee yookiis miilli kee yoo si gufachiise, of irraa murii gati; harka lama yookiis miilla lama qabaattee ibidda bara baraatti darbatamuu kee mannaa, bu'aan dhagna keetii hir'uu ta'ee, yookiis

hokkolaa taatee jireenyatti galuu siif wayya." –Wangeela Maatewos 18:8

"Isaan gara adaba bara baraa, warri qajeelonni garuu gara jireenya bara baraa ni dhaqu" jedhe. –Wangeela Maatewos 25:46

---

**FIRDIIN HIN HAFU —23**

"Guyyaa itti harka nama fo'ate sanaatiin, biyya lafaatti qajeeltootti faraduuf jedhu, muree kaa'eera; namicha fo'ate sana du'aa kaasuu isaatiin, kana nama hundumaaf cimseera" jedhe. –Hojii Ergamootaa 17:31

Egaa gooftichi, namoota Waaqayyoof bulan qorama keessaa baasuu, warra jal'ootaa immoo hamma guyyaa firdiitti adabaaf kaa'uu ni beeka. –2 Ergaa Phexros 2:9

Namni adduma addaan dhagna isaa kanatti utuu jiruu gaariis ta'e hamaas ta'e, akkuma hojjetetti waan isaaf ta'u akka argatuuf, nuyi hundumti keenya barcuma firdii Kiristoos duratti dhi'aachuuf jirra. –2 Gara Warra Qorontos 5:10

Biyya lafaa kana keessatti akkuma Kiristoos jiraatetti jiraachuu keenyaan guyyaa firdiif ija-jabina qabna; kanaan guyyaa jaalalli Waaqayyoo nu biratti fixaan ba'uu isaa ti. –1 Ergaa Yohannis 4:17

Namoonni al tokko du'uuf kaa'amaniiru; isa booddee immoo firdiitti ni dhi'aatu. –Gara Ibrootaa 9:27

Warra du'anis xinnaa fi guddaa teessicha dura utuu dhaabatanii nan arge. Macaafonni ni banaman; macaafni biraa, inni warri jireenya argachuuf jiran itti caafaman tokkos ni baname; warri du'an immoo akka hojii dur hojjetaniitti, akka isa macaafota keessatti caafameettis firdii argatan. –Mul'ata Yohannis 20:12

Kanaafis nu keessaa hundumtinuu adda addaan waan godhe sababii isaa wajjin Waaqayyotti himuuf jira. –Gara Warra Roomaa 14:12

---

**AYYAANA YESUUS KIRISTOOS —24**

Kennaan Waaqayyo tola kenne garuu, akka irra- daddarbaa sanaa miti. Namoonni baay'een irradaddarbaa nama tokkootiin yoo du'an, ayyaanni Waqayyoo fi kennaan tolaa inni isa irra guddaa caalu immoo Yesuus Kiristoos namicha tokkicha sanaan, namoota baay'eedhaaf ni argama. –Gara Warra Roomaa 5:15

Kanaafis kun akka araara Waaqayyootti malee, akka jaalala yookiis dhama'a namaatti miti. –Gara Warra Roomaa 9:16

"Waaqayyo warra kooraan ol of qabaniin ni morma, warra gad of deebisaniif immoo ayyaana ni

kenna" ni jedha. –1 Ergaa Phexros 5:5b

Isinoo gaarummaa gooftaan keenya Yesuus Kiristoos ayyaana isaatiin isiniif kenne hubattaniittu; inni badhaadhaa utuma jiruu deegaa ta'uu isaatiin isin badhaasuudhaaf isiniif jedhee deegaa ta'e. –2 Gara Warra Qorontos 8:9

Garuu lafa irra daddarbuun baay'atetti immoo ayyanni Waaqayyoo caalaatti baay'ate. Akkuma cubbuun karaa du'aa mo'e, ayyaannis karaa gooftaa keenyaa Yesuus Kiristoos gara jireenya bara baraatti nu geessuudhaaf qajeelummaadhaan ni mo'a. –Gara Warra Roomaa 5:20b, 21

Ergamoonnis humna guddaa argisiisuudhaan du'aa ka'uu gooftaa Yesuus dhugaa ba'an; ayyaana guddaas qabu turan. –Hojii Ergamootaa 4:33

---

**QALBII DIDDIIRRANNAA —25**

"Bara wallaaluma isaanii Waaqayyo namootatti lakkaa'uu dhiiseera; amma garuu namni hundinuu iddoo hundumaatti yaada garaa isaa akka geddaratu abboomeera." –Hojii Ergamootaa 17:30

"Waawuu, ani isinittan hima, hundumti keessan yoo yaada garaa keessanii geddarachuu dhaabaattan akkuma kanatti ni dhumtu." –Wangeela Luqaas 13:3

"Mootummaan Waaqaa dhi'aateeraatii yaada garaa keessanii geddaradhaa!" jedhe. –Wangeela Maatewos 3:2

Phexros immoo, "Yaada garaa keessanii geddaradhaa; cubbuun keessan akka isiniif dhiifamuuf, tokkoon tokkoon keessan maqaa Yesuus Kiristoositti cuuphamaa; kennaa Hafuura Qulqulluus ni fudhattu. Egaa yaada garaa keessanii geddaradhaa, inni cubbuu keessan akka isiniif haxaa'utti gara Waaqayyootti deebi'aa." –Hojii Ergamootaa 2:38; 3:19

"Irra-daddarbaa ittiin yakkitan hundumaa of irraa gataa." –Macaafa Hisqi'el Raajichaa 18:31a

Namni irra-daddarbaa isaa dhokfatu, hin hiiqu; namni irra-daddarbaa isaa himatu, kan dhiisus garuu araara ni argata. –Macaafa Fakkeenyaa 28:13

Akka Waaqayyo biratti fudhatamutti gadduun, yaada garaa geddarachuu fida; inni immoo gara fayyinaatti geessa malee, nama hin gaabbisiisu; akka biyya lafaa keessatti fudhatamutti gadduun garuu du'a fida. –2 Gara Warra Qorontos 7:10

---

**DHIIFAMUU CUBBUU —26**

"Garuu namni jal'aan cubbuu hojjete hundumaa irraa deebi'ee seerrata koo hundumaa yoo eege, wanta dhugaa fi qajeelaa yoo hojjete, inni dhugumaan ni jiraata malee, hin du'u." –Macaafa

Hisqi'el Raajichaa 18:21

Namni jal'aan karaa isaa isa jal'aa haa dhiisu, namni hamaanis yaada isaa isa hamaa irraa haa deebi'u! Gara Waaqayyo keenyaa isa araarri isaa gudaa ta'eetti haa deebi'u, innis isa ni maara. –Macaafa Isaayaas Raajzichaa 55:7

"Namootaaf irra-daddarbaa isaanii yoo dhiiftaniif, abbaan keessan inni waaqa irraa immoo isiniif ni dhiisa." –Wangeela Maatewos 6:14

Yesuus amantii jarreen kanaa yommuu arge, namicha isa dhagni isaa gar tokko du'een, "Ilma koo, cubbuun kee hundinuu siif dhiifameera" jedhe. –Wangeela Maarqos 2:5

"Kanaafis karaa Yesuus isa du'aa ka'e kanaan dhiifamuun cubbuu isinitti ni lallabama. Waaqayyo geddarannaa yaada garaatii fi dhiifamuu cubbuu Israa'eliif kennuudhaaf, abboomaa fayyisaas godhee gara mirga isaatti ol isa fuudheera." –Hojii Ergamootaa 13:38; 5:31

"Kunoo, ani balbala dura dhaabadhee balbala nan rukuta; namni sagalee koo dhaga'ee balbala yoo anaaf bane, ani ol nan lixa, isaa wajjinis maaddiitti nan dhi'aadha, innis anaa wajjin ni nyaata." –Mul'ata Yohannis 3:20

"Yaada garaa geddarachuunii fi dhiifamuun cubbuu maqaa isaatiin Yerusaalemii jalqabee saba lafa irraa hundumaatti akka lallabamuuf jiru, caafameera." –Wangeela Luqaas 24:47

---

**HOJII CUBBUU IRRAA ADDAAN BA'UU —27**

Waaqayyo ayyaana isaa isa nama hundumaaf fayyina kennu mul'iseera. Ayyaanni Waaqayyoo kunis, nuyi Waaqayyo malee jiraachuu, kajeellaa biyya lafaa isa hamaas gannee, bara kana keessa of qabuutti, qajeelinatti, namoota Waaqayyoo taanee akka jiraannuuf gorsee, gara gaariitti nu deebisa. –Gara Tiitoos 2:11, 12

Yaada garaa keessanii wanta waaqa irra jirutti hidhaa malee, wanta lafa irra jirutti hin hidhinaa! –Gara Warra Qolosaayis 3:2

Hojii dukkanaa, isa wanti dhimma baasu keessaa hin baane, bakkeetti baasaa malee, ittii hin hirmatinaa! –Gara Warra Efesoon 5:11

Biyya lafaa yookiis waan biyya lafaa jaallachuutti hin hidhaminaa; namni tokko biyya lafaa jaallachuutti yoo hidhame, Waaqayyo abbaa jaallachuun isa keessa hin jiru. Wanti biyya lafaa keessa jiru hundinuu, hawwiin foonii, hawwiin ijaas, jireenyaan kooruunis biyya lafaa keessaa ba'a malee, abbaa biraa hin ba'u. –1 Ergaa Yohannis 2:15, 16

Isin namoota garagaggaltuu nana! Biyya lafaatti michoomuun diina Waaqayyoo akka nama godhu hin beektanii ree? Namni michuu biyya lafaa ta'uu barbaadu, diina Waaqayyoo of ni godha. –Ergaa Yaaqoob 4:4

"Dhiqadhaa of qulleessaa, hojii keessan isa hamaas ija koo duraa balleessaa, hamaa gochuu dhiisaa!" –Macaafa Isaayaas Raajichaa 1:16

---

## LAMMAFFAA DHALACHUU —28

"Ani garaa haaraa isiniif nan kenna, hafuura haaraas isin keessa nan kaa'a; ani garaa isa akka dhagaa sana isin keessaa nan baasa, garaa isa akka fooniis isiniif nan kenna." –Macaafa Hisqi'el Raajichaa 36:26

Inni qajeelaa ta'uu isaa erga beektanii, namni waan qajeelaa hojjetu hundinuu immoo mucaa Waaqayyoo ta'uu isaa hubachuu ni dandeessu. Namni mucaa Waaqayyoo ta'e cubbuutti qabamee akka hin jiraanne ni beekna; ilmi Waaqayyoo isa ni eega, inni hamaanis isa hin tuqu. –1 Ergaa Yohannis 2:29; 5:18

Isin keessaa kaan warra akkasii turan, garuu maqaa gooftaa Yesuus Kiristoosiin, hafuura Waaqayyo keenyaatiinis cubbuuttii dhiqattaniittu. –1 Gara Warra Qorontos 6:11

Yesuus, "Dhuguma, dhuguman sitti hima, eenyu illee olii yoo dhalachuu dhaabaate, mootummaa Waaqayyoo arguu iyyuu hin danda'u" jedhee deebiseef. –Wangeela Yohannis 3:3

Kanaafis namni kan Kiristoos yoo ta'e, uumama haaraa dha, inni moofaan darbe, kunoo, inni haaraan dhufeera. –2 Gara Warra Qorontos 5:17

Isin sanyii baduttii utuu hin ta'in, sanyii hin badnettii sagalee Waaqayyoo isa jiraataa fi isa akka jirutti hafuun, haaraa taatanii dhalattaniittu. –1 Ergaa Phexros 1:23

---

## CUBBUUN DU'UU—KIRISTOOSIIN KA'UU —29

Isin kanaan dura irra-daddarbaa keessanii fi cubbuu keessaniin [karaa hafuuraa] duutanii turtan. Karaa Kiristoos Yesuus isumaa wajjin du'aa nu kaase, isumaa wajjin bantii waaqaa keessaa iddoo nuuf kenne, nu teessises. –Gara Warra Efesoon 2:1 fi 6

"Nuyi cubbuu jalaa duunee qajeelinaaf akka jiraannuuf, inni ofii isaatii cubbuu keenya dhagna isaatiin baatee fannootti ol ba'e; madaa'uu isaatiin isin ni fayyifamtan." –1 Ergaa Phexros 2:24

Egaa Kiristoosii wajjin du'aa erga kaafamtanii, wanta waaqa keessaa, iddoo Kiristoos gara mirga Waaqayyoo taa'ee jirutti barbaadaa! Yaada garaa keessanii wanta waaqa irra jirutti hidhaa malee, wanta lafa irra jirutti hin hidhinaa! Isin duutaniittu; jireenyi keessan Kiristoosii wajjin Waaqayyo keessa dhokateera. Kiristoos inni jireenya nuuf ta'e yommuu mul'atu isinis immoo isaa wajjin ulfinaan mul'achuuf jirtu. –Gara Warra Qolosaayis 3:1-4

Warri kan Kiristoos Yesuus ta'an immoo yaada foonii, hawwa isaa, fedha isaas fannisaniiru. Nuyi

jireenya hafuuraatti yoo jiraanne, hafuura kana duukaa bu'uu keenya. –Gara Warra Galaatiyaa 5:24, 25

Kun matumaa hin ta'u! Nuyi warri cubbuu jalaa duune, si'achi attamitti cubbuu jala jiraanna ree? Isinis immoo akkasuma akka warra cubbuu jalaa du'anii, karaa Kiristoos Yesuus Waaqayyoof jiraataniitti of lakkaa'aa!
–Gara Warra Roomaa 6:2 fi 11

---

**JIREENYA BARA BARAA —30**

Namni akka yaada foon isaatiitti facaasu, yaada foon isaatii sana irraa badiisa ni galfata; akka yaada hafuuraatti kan facaasu immoo yaada hafuuraa irraa jireenya bara baraa ni galfata. –Gara Warra Galaatiyaa 6:8

"Museen lafa onaa keessatti bofa sibiila diimaa muka irratti akka ol fuudhe, ilmi namaas immoo akkasuma muka irratti ol fuudhamuun ni ta'a. Kunis ilma namaatti kan amanu hundinuu jireenya bara baraa haa qabaatuuf ta'a." –Wangeela Yohannis 3:14, 15

"Si Waaqayyo isa tokkicha, isa dhugaa, Yesuus Kiristoosiin isa ati ergites beekuun isaanii jireenya bara baraa ti." –Wangeela Yohannis 17:3

"Namni ilma Waaqayyootti amanu, jireenya bara baraa qaba; ilma Waaqayyoof kan hin abboomamne garuu jireenya hin argatu, dheekkamsa Waaqayyootu isa irratti hafa malee" jedhe. –Wangeela Yohannis 3:36

"Dhuguma, dhuguman isinitti hima, dubbii koo dhaga'ee isa ana ergetti kan amanu jireenya bara baraa qaba; inni du'a keessaa gara jireenyaatti darbe malee, gara firdii hin dhaqu." –Wangeela Yohannis 5:24

Nu waamuun isaas akka akeeka isaatii fi akka ayyaana isaa isa durii durii jalqabee karaa Kiristoos Yesuus nuuf kenneetti malee, akka hojii keenyaatti miti. Amma garuu ayyaanni isaa dhufa fayyisaa keenyaa Kiristoos Yesuusiin nutti mul'ifameera; inni humna du'aa cabsee, jireenya, badiisa ooluus karaa wangeelaa ifatti baase.
–2 Gara Ximotewos 1:9b, 10

---

**MIRKANEEFFANNAA FAYYINAA —31**

Hafuurri Waaqayyoo hafuura keenyaa wajjin walii galee, ijoollee Waaqayyoo ta'uu keenya dhugaa ni ba'a. –Gara Warra Roomaa 8:16

Waaqayyo jireenya bara baraa nuuf kenne; egaa dhugaan isaa isa kana; jireenyi bara baraa kunis ilma isaa keessatti argama. Namni ilma Waaqayyoo qabaatu jireenyicha qaba; namni ilma Waaqayyoo hin qabaanne, jireenyicha hin qabu. Isin warri maqaa ilma Waaqayyootti amantan,

jireenya bara baraa qabaachuu keessan akka beektaniifan kana hundumaa isiniif caafe. –1 Ergaa Yohannis 5:11-13

"Namni abboommii koo qabu, inni isa raawwatus, isa, kana jaallatu; nama na jaallatu immoo abbaan koo isa jaallachuuf jira, anis isa nan jaalladha, ofii koos isatti mul'isuufan jira" jedhe. –Wangeela Yohannis 14:21

Iddoo qajeelummaan jiru nagaan jira, iji qajeelummaa bir'aa malee gabiitti jiraachuu dha. –Macaafa Isaayaas Raajichaa 32:17

Isin ilmaan isaa ta'uu keessan argisiisuudhaaf, Waaqayyo hafuura ilma isaa isa, "Abbaa abbaa" jedhee waammatu garaa keenya keessatti erge. –Gara Warra Galaatiyaa 4:6

Inni hafuura ofii isaatii irraa waan nuuf kenneef, nuyi isa keessa, innis nu keessa akka jiraatu ni hubanna. –1 Ergaa Yohannis 4:13

Abboommii isaa eeguudhaan isa beekuu keenya ni hubanna. –1 Ergaa Yohannis 2:3

---

**KIRISTOOS KEESSA KEENYA SI'A —32**
**BULU GAMMACHUU NUUF KENNA**

"Amma garuu gara kee nan dhufa, isaan immoo gammachuu koo guutummaatti akka qabaataniif, dubbii kana biyya lafaa keessatti nan dubbadha." –Wangeela Yohannis 17:13

"Garaan keessanis ni gammada, gammachuu keessanis eenyu illee isin duraa hin fudhatu." –Wangeela Yohannis 16:22b

Isin gammachuudhaan burqaa fayyinaa keessaa, bishaan ni waraabbattu. –Macaafa Isaayaas Raajichaa 12:3

"Egaa si'achi Kiristoos isa ana keessaatu jiraata malee, anatu jiraata miti; jireenya ani amma fooniin jiraadhu immoo, ilma Waaqayyoo isa na jaallate, ofii isaas dabarsee isa anaaf kennetti amanuudhaan nan jiraadha." –Gara Warra Galaatiyaa 2:20

"Gammachuun koo isin keessatti akka argamuuf, gammachuun keessanis guutuu akka ta'uufan kana hundumaa isinitti dubbadhe." –Wangeela Yohannis 15:11

Ati karaa jireenyatti nama geessu na barsiifta, guutummaan gammachuu fuula kee dura; wanti namatti tolus immoo bara hundumaattuu mirga kee jira. –Macaafa Faarfannaa 16:11

Isin isa mul'achuuf jiru sana hin argine yoo ta'e iyyuu, isa ni jaallattu; amma yoo isa arguu dhaabattan iyyuu, isatti ni amantu akkasumas gammachuu akkas jedhamee hin dubbatamnee fi gammachuu guddaa qabuun ni gammaddu. –1 Ergaa Phexros 1:8

---

## GOOFTADHAAF ABBOOMAMUUN BARBAACHISAA DHA —33

"Isin garuu dubbii Waaqayyoo dhaggeeffachuu diddanii, sagalee isaa irratti yoo kaatan, Waaqayyo abboota keessan irratti harka isaa akkuma ol fudhate isin irrattis ol ni fudhata." –Macaafa Saamu'eel Isa Duraa 12:15

Waan tokko of irratti gooftaa godhattanii harka isaa jala yoo of galchitan, isin wanta sanaaf garba akka taatan hin beektanii ree? Cubbuudhaaf yoo abboomamtan du'aaf, Waaqayyoof yoo abboomamtan qajeelinaaf ni bultu. –Gara Warra Roomaa 6:16

Isin warra rakkachaa jirtan immoo gaafa gooftaa Yesuus ergamoota aangoo isaa wajjin waaqa irraa mul'atu nuyii wajjin kana jalaa isin ni baasa. Gooftichi ibidda boba'aa wajjin ni mul'ata; gaafas warra Waaqayyoon beekuu hin barbaadin, warra wangeela gooftaa keenya Yesuusiif hin abboomaminis ni adaba. Isaan kun argaa gooftaa duraa, ulfina aangoo isaa duraas fageeffamanii badiisa bara baraatiin ni adabamu. –2 Gara Warra Tasalaniiqee 1:7-9

"Ilaa! Ani har'a eebbaa fi abaarsa si dura nan kaa'a. Abboommii Waaqayyo gooftaa keetii isa ani har'a si abboomu kana yoo eegde, kun eebba siif ta'a; abboommii Waaqayyo gooftaa keetii yoo eeguu dhaabaatte, karaa isaa isa ani har'a si abboomu kana irraas yoo jal'atte, waaqayyoolii biraa warra dur hin beekne duukaas yoo buute, kun abaarsa sitti ta'a." –Seera Keessa Deebii 11:26-28

---

## KIRISTOOSIIN DHUGAA BA'UUN BARBAACHISAA DHA —34

Arrabni hundinuus, ulfina Waaqayyoo abbaatiif, Yesuus Kiristoos gooftaa akka ta'e beeksisuuf jiru. –Gara Warra Filiphisiiyus 2:11

Itti fufees Yesuus, "Eenyu illee namoota duratti eenyu akkan ta'e dhugaa ba'ee yoo mul'ise, anis abbaa koo isa waaqa irra jiru duratti dhugaa nan ba'aaf. Eenyu illee namoota duratti yoo na gane garuu, anis immoo abbaa koo isa waaqa irra jiru duratti isa nan gana" jedhe. –Wangeela Maatewos 10:32, 33

Hafuurri, Yesuus Kiristoos fooniin dhufuu isaa amanatee beeksisu hundinuu kan Waaqayyoo ti; kanaanis hafuura Waaqayyoo; ta'uu isaa ni hubattu. –1 Ergaa Yohannis 4:2

Namni Yesuus ilma Waaqayyoo ta'uu isaa amanee yoo beeksise, Waaqayyo isa keessa, innis Waaqayyo keessa ni jiraata. –1 Ergaa Yohannis 4:15

Yesuus gooftaa akka ta'e afaan keetiin yoo beeksifte, Waaqayyo du'aa akka isa kaase immoo garaa keetti yoo amante fayyina bara baraa ni argatta. Namni garaa isaatti amanee qajeelaa ta'a, afaan isaatiinis beeksisee ni fayya. –Gara Warra Roomaa 10:9, 10

Namni ilmicha ganu abbichaa wajjin firooma hin qabu; ilmicha amanachuu isaa kan beeksisu immoo abbichaa wajjinis firooma qaba. –1 Ergaa Yohannis 2:23

"Eenyu illee anatti, dubbii koottis yoo yeella'e, ilmi namaa ulfina isaatti, kan abbaa isaatti, kan qulqulloota ergamootaattis yommuu dhufu, isatti ni yeella'a." –Wangeela Luqaas 9:26

---

**SEEXANNI DIINA KEENYA —35**

Of qabaa, dammaqaas! Seexanni hamajaajiin keessan akka leenci yeroo beela'utti aadaa naanna'utti nama liqimsuu barbaadee ni naanna'a. Dhiphinni sanyiin isa kan keessanii kun, obboloota keessan warra guutummaa biyya lafaa keessa jiraatanitti akka dhufu beekaatii, warra amantiitti jabaattan ta'aa, seexanaan mormaas! –1 Ergaa Phexros 5:8, 9

Ergasii Yesuus seexanaan qoramuudhaaf, hafuura qulqulluudhaan gara lafa onaatti geeffame. Yommus Yesuus immoo, "Seexana nana, argaa koo duraa turi! 'Waaqayyo kee gooftichaaf jilbeenfattee sagadi isa duwwaafis hojjedhu!' kan jedhu caafameera" jedheen. Ergasii seexanni isa dhiise, ergamoonni Waaqayyoos dhufanii isaaf ni ergaman. –Wangeela Maatewos 4:1 fi 10, 11

Kanaa achi, gooftaatti humna isaa isa aangooqabeessattis jabaadhaa. Haxxummaa seexanaatiin mormuu akka dandeessanitti, mi'a lolaa isa kan Waaqayyoo guutummaatti hidhadhaa! –Gara Warra Efesoon 6:10, 11

Mi'i waraanaa keenya mi'a da'oo jajjabaa jigsuudhaaf Waaqayyoof hojjechuu danda'uu dha malee, mi'a namni foonii ittiin hojjetu miti; yaada amansiisa hin qabne isa nama wallaalchisuuf qophaa'es ni diiga. –2 Gara Warra Qorontos 10:4

...Jalqabumaa jalqabee inni sun [seexanni] nama ajjeesaa ture; dhugaan isa keessa waan hin jirreef, inni dhugaa irra hin dhaabanne. Inni sobaa dha, abbaa sobaa tis.... –Wangeela Yohannis 8:44

---

**SEEXANA MO'ACHUU —36**

Ijoollonni kun foonii fi dhiiga akkuma ta'an, inni "Obboloota koo" jedhee isaan waamu kunis akkuma isaanii ta'e; du'a isaatiin seexana isa humna du'aa qabu balleessuudhaaf nama ta'e. –Gara Ibrootaa 2:14

Seexanni jalqabaa jalqabee cubbuu waan hojjeteef, namni cubbuu hojjetu kan seexanaa ti, ilmi Waaqayyo immoo hojii seexanaa diiguudhaaf mul'ate. –1 Ergaa Yohannis 3:8

"Dukkanatii gara ifaatti, aangoo seexanaa jalaas gara Waaqayyootti haa deebi'aniif, ija isaanii ni banta; anatti amanuudhaanis dhiifamuu cubbuu isaanii argatanii, warra qulqullaa'an gidduuttis dhaala isaanii haa fudhataniif sin erga' anaan jedhe." –Hojii Ergamootaa 26:18a

Eenyutu jaalala Kiristoosittii gargar nu baasa? Gidiraan yookiis muddamni, ari'atamuun, beelli yookiis qullaa ta'uun, sodaachifamuun yookiis billaan gargar nu baasuu danda'aa ree? Waan nu irra ga'e hundumaatti garuu, karaa isa nu jaallatee mo'icha guddaa arganna. –Gara Warra Roomaa

8:35 fi 37

Yoos harka Waaqayyoo jala of galchaa; Seexanaan immoo mormaa! Innis isin dhiisee ni baqata. Waaqayyotti dhi'aadhaa, innis isinitti ni dhi'aata. –Ergaa Yaaqoob 4:7 fi 8a

Yeroon firdii biyya lafa kanaa amma, inni hamaan biyya lafaa kana seerratus amma gad ni gatama. –Wangeela Yohannis 12:31

---

**JAALALLI MALLATTOO DUUKA BU'UMMAA TI —37**

Afaan namoonni yookiis afaan ergamoonni Waaqayyoo dubbataniin dubbadhee, jaalala yoon qabaachuu dhaabaadhe, ani akka sibiila kililchuu yookiis dibbee kosh kosh jedhuun ta'e. –1 Gara Warra Qorontos 13:1

Iji hojii hafuuraa immoo, jaalala, gammachuu, nagaa, obsa, gaarummaa, arjummaa, amanamummaa, garraamummaa dha, of dhowwuu dhas. –Gara Warra Galaatiyaa 5:22 fi 23a

Si'a lammaffaas Yesuus, "Simoon ilma Yohannis, ana jaalattaa ree?" jedheen; yommusis inni, "Eeyyee gooftaa! Akkan si jaalladhu atuu ni beekta" jedhee deebiseef. Yesuus immoo, "Hoolota koo eegi!" –Wangeela Yohannis 21:16

"Isin yoo na jaallattan abboommota koo ni eegdu." –Wangeela Yohannis 14:15

Namni, "Waaqayyoon nan jaalladha" jedhee, obboleessa isaa immoo yoo jibbe, inni sobduu dha; obboleessa isaa isa arge kan hin jaallanne, Waaqayyoon isa hin argin jaallachuu hin danda'u. –1 Ergaa Yohannis 4:20

"Jaalala yoo waliif qabaattan, kanaan namoonni hundinuu akka isin bartoota koo taatan ni beeku" jedhe. –Wangeela Yohannis 13:35

Nuyi obboloota waan jaallannuuf du'a keessaa gara jireenyaatti akka darbine beekna; namni nama hin jaallanne immoo du'a keessatti hafa. –1 Ergaa Yohannis 3:14

Waaqayyoon jaalachuu jechuunis abboommota isaa eeguu dha; abboommonni isaa immoo ba'aa ulfaatoo miti. –1 Ergaa Yohannis 5:3

---

**DU'AA KA'UU YESUUS KIRISTOOS —38**

Yesuus jalqaba torbanii, [guyyaa Sanbata guddaa] ganama barii yommuu du'aa ka'e, dura Maariyaam ishee Magdalaatti mul'ate; Maariyaam kun ishee inni hafuurota hamoota torba keessaa baasee turee dha. –Wangeela Maarqos 16:9

Yesuus irra-daddarbaa keenyaaf du'atti dabarfamee kenname; qajeelummaa akka argannuufis

du'aa kaafame. –Gara Warra Roomaa 4:25

"Nuyi biyya Yihudootaatii fi mandara Yerusaalemitti, waan Yesuus hojjete hundumaaf dhuga-baatuu isaa ti; jarris isuma mukatti fannisanii ajjeessan. Waaqayyo garuu guyyaa sadaffaatti du'aa isa kaasee, akka inni mul'atu godhe. Haa ta'u iyyuu malee, nama hundumaatti utuu hin ta'in, nuyi warra dhuga-baatuu isaa akka taanuuf fo'amnee du'aa ka'uu isaa booddee isaa wajjin nyaannee dhugnetti mul'ateera." –Hojii Ergamootaa 10:39-41

Guyyaa saddeet booddees bartoonni isaa ammas walitti qabamanii mana keessa turan, Toomaasis isaanii wajjin ture. Isaan mana cufatanii utuu taa'anii, Yesuus dhufee isaan gidduu dhaabatee, "Nagaan isiniif haa ta'u!" isaaniin jedhe. Kana booddee Toomaasiin, "Quba kee fidii as irra kaa'i, harka koo lamaan ilaali, harka kee fidiitii madaa cinaacha koo keessa kaa'i; kan hin amanne hin ta'in, kan amante ta'i malee!" jedhe. Toomaasis, "Gooftaa ko, Waaqayyo ko!" jedhee deebiseef. –Wangeela Yohannis 20:26-28

---

## DU'AA KA'UUN ISAA NUUF ABDII GUDDAADHA —39

"Yerichi warri du'an sagalee ilma Waaqayyoo itti dhaga'an dhufuuf jira, ammuma iyyuu dhufeera; warri isa dhaga'anis ni jiraatu. Waa'ee kanaa hin dinqifatinaa; warri du'anii awwaalaman sagalee isaa yeroon itti dhaga'an ni dhufa. Isaan awwaala keessaa ni ba'u, warri waan gaarii hojjetan jireenya agachuudhaaf ni ka'u, warri waan hamaa hojjetan immoo firdiitti dhi'aachuudhaaf ni ka'u" jedhe. –Wangeela Yohannis 5:25b fi 28, 29

Yookiis nuyi warri Kiristoos Yesuusitti dabalamuudhaaf cuuphamne, du'a isaattis isatti dabalamuudhaaf akka cuuphamne ni wallaaltanii ree? Nuyi cuuphamuudhaan du'a isaatti isatti dabalamnee isaa wajjin awwaalamneerra; Kiristoos humna abbaa isa ulfina-qabeessaan warra du'an keessaa akkuma kaafame, nus immoo jireenya haaraatti ni jiraanna. Akkuma du'a isaatti isaa wajjin walitti dabalamne, akkasuma du'aa ka'uu isaattis isaa wajjin walitti ni dabalamna. –Gara Warra Roomaa 6:3-5

Kiristoos isin keessa erga jiraatee, dhagni keessan sababii cubbuutiif du'aa yoo ta'e iyyuu, sababii qajeelummaa argattaniif hafuurichi jireenya isiniif ta'a. Hafuurri Waaqayyoo inni Yesuusiin warra du'an keessaa kaase, isin keessa yoo jiraate, inni Kiristoosiin warra du'an keessaa kaase, hafuura isaa isa isin keessa jiraatuun, dhagna keessan isa du'us immoo ni jiraachisa. –Gara Warra Roomaa 8:10, 11

---

## GOOFTAAN QULQULLUU DHA —40

Saba isaa furuudhaaf dhufe,...harka diinota keenyaa nu oolchuudhaaf, nus sodaa malee akka isaaf hojjennu gochuudhaaf; qulqullummaa fi tolatti fuula isaa dura jiraachuudhaaf, bara jireenya keenya hundumaatti. –Wangeela Luqaas 1:68b, 74, 75

Yaa michoota ko! Abdii kana erga qabaannee, kottaa, waanuma dhagna keenyaa fi hafuura

keenya xureessuttii of ni qulleessinaa; Waaqayyoon sodaachuutti jiraachuudhaanis qulqullummaa fiixaan ni baafannaa. –2 Gara Warra Qorontos 7:1

Obboloota nana! Kana irraa kan hafe immoo Waaqayyoon gammachiisuudhaaf attamitti jiraachuun akka isin irra jiru barumsa nu irraa argattaniittu; akkuma amma itti jirtan iyyuu caalchiftanii akka itti fuftan maqaa Yesuus gooftaatiin isin ni kadhanna, isin ni gorsinas. Waan gochuun isiniif ta'u maqaa gooftaa Yesuusiin gorsa akka isiniif kennine ni beektu. Waaqayyo halalummaa irraa fagaattanii qulqullummaatti jiraachuu isin irraa ni fedha. Dhiirri adduma addaan haadha manaa qabaatee qullaa'ummaa fi ulfinatti dhagna isaa eeggachuu haa beeku! Xuraa'ummaatti utuu hin ta'in, qullaa'ummaatti akka jiraannuuf Waaqayyo nu waame. –1 Gara Warra Tasaloniiqee 4:1-4, 7

Inni isin waame qulqulluu akkuma ta'e, isinis adeemsa keessan hundumaan qulqulloota ta'aa! Inni caaffata qulqullaa'aa keessatti, "Ani qulqulluu waanan ta'eef, isinis qulqulloota ta'aa!" jedheera. –1 Ergaa Phexros 1:15, 16

---

**GOOFTAAN QULQULLUU DHA —41**

Yesuusiis akkasuma dhiiga ofii isaatiin saba qulleessuudhaaf karra mandarichaa duubatti dhiphate. –Gara Ibrootaa 13:12

Inni uumamuu biyya lafaa dura iyyuu warra qulqullaa'an, warra isa duratti mudaa hin qabne akka taanuuf, jaalalaan....Namummaa haaraa isa qajeelummaa fi qulqullummaa dhugaatti, fakkaattii Waaqayyootiin uumame uffadhaa! –Gara Warra Efesoon 1:4; 4:24

Achi keessa karaan ni ba'a, maqaan isaas, "Karaa qulqullaa'aa" ni jedhama; karicha irra warra furaman kana duwwaatu adeema, warri gowwoonni iyyuu isa irraa hin kaatan; namni xuraa'aan garuu achi irra hin darbu. –Macaafa Isaayaas Raajichaa 35:8

Cubbuu keenya yoo isatti himanne, inni amanamaa fi qajeelaa waan ta'eef, cubbuu keenya nuuf ni dhiisa, jal'ina keenya hundumaattiis nu qulleessa. –1 Ergaa Yohannis 1:9

Wanti kun hundinuu akkasitti wal ni gad dhiisa erga ta'ee, isin namoota attamii ta'uutu isiniif ta'a ree? Jireenya qullaa'aa, jireenya namoota Waaqayyoof ta'u jiraachuun isin irra jira. –2 Ergaa Phexros 3:11

Namoota hundumaa wajjin nagaadhaan jiraadhaa! Isa malee namni tokko illee gooftaticha hin argu waan ta'eefis, jireenya qulqullummaaf dha-ma'aa! –Gara Ibrootaa 12:14

Ulfina maqaa isaatiif ta'u waaqayyoof dhi'eessaa! Qulqullummaa akka mi'a miidhaginaatti naqadhaatii Waaqayyoof sagadaa! –Macaafa Faarfannaa 29:2

---

**NAMOOTA HAFUURA QULQULLUUN GUUTAMAN —42**

"Egaa isin hamoota taatanii utuu jirtanii, ijoollee keessaniif kennaa gaarii kennuu erga beektanii, abbaan keessan inni waaqa irraa immoo, hammam isin caalaa warra isa kadhataniif Hafuura Qulqulluu kenna!" jedhe. –Wangeela Luqaas 11:13

Isaan kadhata afaanii fixuunii fi iddoon isaan itti walitti qabaman socho'uun, wal faana ta'e. Hundumti isaaniis hafuura qulqulluudhaan guutamanii, dubbi Waaqayyoo ija jabummaadhaan dubbachaa turan. –Hojii Ergamootaa 4:31

"Ani hafuura koo isin keessa nan kaa'a, isin akka seerrata kootti akka adeemtaniif, wanta qajeelaa ta'es gaarii gootanii akka eegdan isin nan godha." –Macaafa Hisqi'el Raajichaa 36:27

Hafuurri Waaqayyoo yoo dhuguma isin keessa jiraate, isin akka fedha hafuuraatti malee akka fedha fooniitti hin jiraattan; namni hafuura Kiristoos of keessaa hin qabne, kan Kiristoos miti. –Gara Warra Roomaa 8:9

"Isin garuu, hafuurri qulqulluun yommuu isin irra bu'u, humna ni godhattu; ...dhuga-baatuu koo ni taatu." –Hojii Ergamootaa 1:8

Haa ta'u iyyuu malee, amantoonni mandara anxokiyaa gammachuudhaa fi hafuura qulqulluudhaan guutamanii turan. –Hojii Ergamootaa 13:52

Dhugaatiidhaan machooftanii of hin wallaalinaa, isaanis of hin balleessinaa! Qooda kanaa hafuura qulqulluudhaan guutamaa! –Gara Warra Efsoon 5:18

---

**ABDII GUDDAA KIRISTAANOTAAF —43**

Waaqayyo warra garaan isaanii cabetti dhi'oo dha, warra yaadni isaanii caccabee bullaa'es ni fayyisa. –Macaafa Faarfannaa 34:18

"Kana hundumaa harka kootu hojjete, wanti kun hundinuus akkasuma ni ta'an; ani gara isa gad deebi'aa fi isa hafuura cabaa, gara isa yommuun itti dubbadhu hollatuu nan ilaala." –Macaafa Isaayaas Raajichaa 66:2

Yommus Yesuus, "Yoo dandeesse jettee? Nama amanuuf wanti hundinuu ni danda'ama" jedheen. –Wangeela Maarqos 9:23

Michoota ko, wanti akka ibiddaa gubu isin qoruudhaaf yommuu isin irra bu'u, waan takkaa ta'ee hin beekne waan isin irra bu'e fakkaatee, isin hin dinqifachiisin! Kiristoos ulfina isaatiin yommuu mul'atu, gammaddanii akka ililchitanitti, hammuma dhiphina isaa keessaa hirmaattuu taatan, isinis hammasuma gammadaa! –1 Ergaa Phexros 4:12, 13

"Inni imimmaan hundumaa ija isaaniittii ni haqa; wanti duraa waan darbeef, egaa duuni deebi'ee hin argamu, gadduun, iyyuun, waraansis si'achi hin jiru!" jedhe. –Mul'ata Yohannis 21:4

Waaqayyoon amanadhu, wanta gaarii ta'es hojjedhu; biyyuma keessa nagaadhaan taa'i, amanamummaas eeggadhu! –Macaafa Faarfannaa 37:3

"Duraan dursitanii yaada keessan mootummaa Waaqayyoo fi qajeelummaa isaa barbaaduutti hidhaa! Kana malees kan barbaachisu hundinuu immoo isiniif ni kennama." –Wangeela Maatewos 6:33

---

**ABDII WARRA QORAMSAAN DHIPHATANIIF —44**

Inni waan ofii isaatii dhiphatee, qoramee arge keessatti, warra qoramni itti dhufu gargaaruu ni danda'a. –Gara Ibroota 2:18

Waaqayyo inni nagaa kennu immoo dafee Seexana miilla keessan jalatti ni caccabsa. –Gara Warra Roomaa 16:20a

Yommuu ati bishaan keessa adeemtu ani sii wajjinan jira, yommuu ati bishaan keessa ceetus bishaan si fudhatee hin badu; ibidda keessa yommuu darbitu hin gubattu. –Macaafa Isaayaas Raajichaa 43:2

Qoramni namatti dhufee hin beekne isinitti hin dhufne. Waaqayyo amanamaa waan ta'eefis, humna keessan gararraatti akka isin qoramtaniif isin hin dhiisu, garuu qorama sana keessatti akka isin dandeessan ni godha, karaa isin keessaa baatanis isiniif ni kenna. –1 Gara Warra Qorontos 10:13

Wanti hamaan nama qajeelaatti ni baay'ata, Waaqayyo garuu kana hundumma keessaa isa ni baasa. –Macaafa Faarfannaa 34:19

Waaqayyo warra isa jaallatan karaa hundumaa gargaaree gara gaariitti isaan ni geessa; isaanoo warra akka akeeka isaatiitti waamamanii dha. –Gara Warra Roomaa 8:28

Cubbuutu irraa dhabame malee, angafa lubootaa isa karaa hundumaan akka keenya qorame qabna; isa dadhabbiin keenya garaa isaa hin rukunne garuu hin qabnu. –Gara Ibrootaa 4:15

---

**ABDII WARRA MO'ATANIIF —45**

"Inni mo'u kana itti darbee argachuuf jira; ani Waaqayyo isaa nan ta'a, innis ilma koo ni ta'a." –Mul'ata Yohannis 21:7

"Isa mo'u sana mana qulqullummaa Waaqayyo koo keessatti utubaa nan godha; isa keessaas matumaa hin baafamu. Maqaa Waaqayyo kootii, maqaa mandara Waaqayyo kootii, Yerusaalem ishee haaraa ishee Waaqayyo koo biraa waaqa keessaa gad buutu, maqaa koo isa haaraas utubaa kana irratti nan caafa." –Mul'ata Yohannis 3:12

"Nama mo'utti akkasuma uffata adiitu uffifama; ani maqaa isaa macaafa jireenyaa, isa warri jireenya argachuuf jiran keessatti caafaman keessaa hin balleessu; abbaa koo duratti, ergamoota isaa durattis maqaa isaa waamee kan koo ta'uu isaa nan beeksisa." –Mul'ata Yohannis 3:5

"Ani ofii kootii mo'ee abbaa koo wajjin teessoo isaa irra akkuman taa'e, inni mo'u anaa wajjin teessoo koo irra akka taa'uuf aboo nan kennaaf." –Mul'ata Yohannis 3:21

"Namni gurra qabu, isa hafuurri qulqulluun waldoota kiristiyaanaatiin jedhu haa dhaga'u! Isa mo'eef muka ija isaa nyaatanii jiraatan isa jannata Waaqayyoo keessa jiruttii nyaachuu nan kennaaf" kan jedhuu dha. –Mul'ata Yohannis 2:7

"Nama mo'uuf, isa hojii koo hamma dhumaatti eeggatee hojjetuufis, saba hin amanne baay'ee irratti aboo nan kennaaf." –Mul'ata Yohannis 2:26

---

## WAAQAYYO WAA'EE WAL-HIIKUU NI DUBBATA —46

Warri wal fuudhan akka gargar hin baane nan abbooma; kanas gooftaatu abboome malee ana miti haati manaa abbaa manaa isheettii gargar hin ba'in! Yoo abbaa manaa isheettii gargar baate garuu, utuu hin heerumin haa teessu yookii immoo abbaa manaa isheetti haa araaramtu; abbaan manaas haadha manaa isaa hin baasin! Haati manaa, hamma abbaan manaa ishee jirutti seera gaa'elaatiin isatti hidhamtee jiraatti. Erga abbaan manaa ishee du'ee garuu, abbaa feetetti heerumuu ni dandeessi, garuu nama amanetti haa heerumtu. –1 Gara Warra Qorontos 7:10, 11, 39

Fakkeenyaaf dubartiin heerumte tokko, hamma abbaan manaa ishee jiraatu duwwaatti seeraan itti hidhamtee jirti; abbaan manaa ishee yoo du'e garuu, seera isa ittiin abbaa manaa ishee sanatti hidhamtettii hiikamuu ishee ti. Egaa akka kanatti abbaan manaa ishee utuma jiruu, dhiira kan biraa wajjin yoo jiraatte, ejjituu jedhamti, abbaan manaa ishee yoo du'e garuu, isheen seera sanattii hiikamteetti, dhiira kan biraatti yoo heerumtes ejjituu hin jedhamtu. –Gara Warra Roomaa 7:2, 3

"Namni haadha manaa isaa hiikee kan biraa fuudhu hundinuu ni ejja, dubartii abbaa manaa isheettii gargar baate kan fuudhus ni ejja" jedhe. –Wangeela Luqaas 16:18

"Ani garuu isinittan hima, yoo isheen ejjite malee namni haadha namaa isaa baasu, akka isheen ejjitu ni godha; namni dubartii gad dhiifamte fuudhus ni ejja" jedhe. –Wangeela Maatewos 5:32

---

## GOOFTAAN YESUUS DEEBI'EE NI DHUFA —47

"Yommuun dhaqee iddoo sana isiniif qopheessus, iddoodhuma ani jiru isinis akka jiraattaniif, deebi'ee dhufeetan gara ofii kootiitti isin fudhadha." –Wangeela Yohannis 14:3

"Yommus milikkinni ilma namaa waaqa keessatti ni mul'ata; yeroo sanatti sabni biyya lafaa hundinuu boo'uuf jiru; ilmi namaa immoo duumessoota waaqaa irra humnaa fi ulfina guddaadhaan dhufuu isaa arguuf jiru." –Wangeela Maatewos 24:30

"Nama dhaloota garagaggalaa dhaa fi cubbamaa kana keessatti, anatti, dubbii koottis yeella'utti, ilmi namaa ulfina abbaa isaatiin qulqulloota ergamootaa wajjin yommuu dhufu isatti ni yeella'a" jedhe. –Wangeela Maarqos 8:38

Michoota ko! Nuyi amma ijoollee Waaqayyoo ti; isa booddee immoo maal ta'uuf akka jirru mul'ataa miti. Haa ta'u iyyuu malee, yommuu inni mul'atu inni akka jirutti isa arguuf waan jirruuf, akka isaa akka taanu beekna. Akka kanatti kan isa abdatu hundinuu akkuma isa qulqulluu sanaatti of ni qulqulleessa. –1 Ergaa Yohannis 3:2, 3

"Akkasuma ilmi namaa yeroo isin isa hin eegnetti waan dhufuuf, isinis immoo qophooftanii taa'uutu isin irra jira!" jedhe. –Wangeela Luqaas 12:40

"Ilmi namaa ulfina abbaa isaatiin ergamoota isaa wajjin dhufuuf jira; yommus adduma addaan akka hojii isaatiitti gatii isaa ni kennaaf." –Wangeela Maatewos 16:27

---

**DUBBII WAAQAYYOO —48**

"Waaqnii fi lafti darbuuf jiru, dubbiin koo garuu gonkumaa hin darbu" jedhe. –Wangeela Luqaas 21:33

Caaffanni qulqullaa'aan hundinuu geggeessaa hafuura Waaqayyootiin caafame; barsiisuuf, balleessaa hubachiisuuf, qajeelchuuf, qajeelummaattis leejjisuudhaaf dhimma ni baasa. –2 Gara Ximotewos 3:16

Dubbiin kee miilla kootiif ibsaa dha, daandii koo irrattis ni ifa. –Macaafa Faarfannaa 119:105

**KADHADHU, DHIIFAMAS GODHI**

"Egaa yommuu kadhattan, 'Yaa isa waaqa irra jirtu abbaa keenyaa! Maqaan kee qulqulluu ta'ee haa eegamu; mootummaan kee haa dhufu, jaalalli kee waaqa irratti akka ta'u, akkasuma immoo lafa irratti haa ta'u! Soora har'aa bor nu barbaachisu har'a nuuf kenni! Akkuma nuyi warra nu yakkaniif dhiifne, yakka keenyas nuuf dhiisi! Qoramattis nu hin galchin, hamaa nu oolchi malee; [mootummaan, humni, ulfinnis baruma baraan kan kee ti. Ameen!]' jedhaa! "Namootaaf irradaddarbaa isaanii yoo dhiiftaniif, abbaan keessan inni waaqa irraa immoo isiniif ni dhiisa. Garuu isin namootaaf yoo dhiisuufii baattan, abbaan keessan immoo irra-daddarbaa keessan isiniif hin dhiisu" jedhe. –Wangeela Maatewos 6:9-15

---

**DAANDII FAYYISUU WAAQAYYOO**

***Fayyisaan Barbaada.***
Hundinuu yakkaniiru, ulfinni Waaqayyoos isaanitti hir'ateera. –Gara Warra Roomaa 3:23

***Kiristoos Anaaf Du'e.***
Kiristoos immoo gara Waaqayyootti isin fiduudhaaf jedhee, yeroo hundumaaf akka ta'utti al tokkicha, cubbuu namoota baay'eetiif dhiphateera. –1 Ergaa Phexros 3:18a

***Cubbuu irraa deebi'uun fedha.***
Namni irra-daddarbaa isaa dhokfatu, hin hiiqu; namni irra-daddarbaa isaa himatu, kan dhiisus garuu araara ni argata. –Macaafa Fakkeenyaa 28:13

***Amantiidhaan Yesuusiin Fudhachuun Qaba.***
Hamma isa simataniif immoo ijoollee Waaqayyoo akka ta'aniif aboo isaaniif keene; isaanis warra maqaa isaatti amananii dha. –Wangeela Yohannis 1:12

***Fayyuun koo Duugaa Akka Ta'e Beekuu Nan danda'a.***
Namni ilma Waaqayyoo qabaatu jireenyicha qaba. –1 Ergaa Yohannis 5:12

"Dhuguma, dhuguman isinitti hima, dubbii koo dhaga'ee isa ana ergetti kan amanu jireenya bara baraa qaba; inni du'a keessaa gara jireenyaatti darbe malee, gara firdii hin dhaqu." –Wangeela Yohannis 5:24

---

If you are interested in receiving additional Scripture booklets, write to the publisher in English at the address below or order online:

World Missionary Press, Inc.
P.O. Box 120
New Paris, Indiana 46553-0120 U.S.A.

---